Kutaa 4

# Haadha Bariisoo

Leveled



Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen Dhabbata 'Save the Children' fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa'ee kan maxxanfamedha.


Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

# Haadha Bariisoo

Kutaa 4



## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

## Gaaffiilee Dubbisuun Duraa

1. Haalli jireenya dubartoota naannoo keeti maal fakkaata?
2. Daannoo keetti dubartoota daldalanii bulan beekta?



## Boqonnaa 1: Haadha Bariisoo

Ganda tokko keessa dubartii haadha Bariisoo jedhamtu tokkotu ture. Isheeniis, oyiruu qonnaa bal’aa ta’e haaqabaattuyyuu malee, sangaa ittiin qonnaa qottee jiraattu waan hinqabneef hedduu rakkatti ture. Jireenya ishee gaddisiisaa ta’e kana mo’attee  jiraachuuf hojii daldalaa keessa seentee hojjechuun  hedduu carraaaqxi. Haati Bariisoo yeroo hojii daldalaa keessa seentu maallaqa ittiin waa bittee daldaltu  hinqabdu ture.

kanaafuu, bosona naannawa ishee jiru keessaa firii mukeen adda addaa gabaatti dhiyeessitee gurguruu eegalte. Firiin mukeenii isheen gurgurtus baddeessaa, loomii, zayituunaafi bunafa'i.

Haati Bariisoo yeroo dheeraadhaaf firii mukeenii gabaatti dhiyeessitee erga gurgurtee booda, maallaqa daldalaaf  ta'u muraasa harkatti qabatte. Sanaan boodas, waantota xixiqqoo daldaltee ittiin bu'a qabeessa taatu irratti karoora baafatte. Karoorri isheen baafattes akaakuu midhaan gara garaa gabaa baadiyyaa keessa jiru irraa bittee gabaa magaalaa keessa jirutti dhiyeessitee gurguruudha. Haata'u malee, maallaqni isheen qabdu muraasa waan ta'eef, akka karoora isheetti daldala kana itti fufuu hindandeenye.

Kanaafuu, carraan isheen daldala keessa seenuuf qabdu kan maallaqni ishee bitee gurguruu danda'u adda baafachuudha. Haati Bariisoo yeroo dheeraaf erga itti yaaddee booda, maallaqa qabduun  raafuu bittee daldaluu eegalte.

Raafuu kanas gabaa naannawa ishiin jirtu irraa baayyee fagoo ta'eefi deemsa miilaan sa'a torbaa ol deemsisu irraa bittee fiddi. Raafuu bittu kanas harree itti fe'attu waan hinqabneef dugda isheetti baattee gabaa irraa gabaatti geessuun daldalti. Daldala raafuu kanaanis maamiltoota hedduu waan qabduuf raafuu qabdu kana yoo isheen gurgurtee fixxe malee iddoo biraa deemanii hinbitan.

Haati Bariisoo yeroo dheeraadhaaf daldala raafuu irratti bobbaatee hojjette. Turtii keessas maamiltoonni ishee haadha Bariiso jedhanii ishee waamuu dhiisuun haadha Raafuu ittiin jechuu eegalan. Isheenis maqaa maamiltoonni ishee moggaasaniif kanatti osoo hinqaana'iin jabaachuun hojii daldala raafuu itti fufte. Raafuu daldaltu kana irraas bu'aan isheen argattu xiqqoodha. Haata'u malee, yeroo dheeraa keessatti bu'aan xiqqoo argamtu kun walitti qabamuun guddaa ta'uu dandeessi jechuun osoo abdii hinkutatiin raafuu bittee gurgurti.

Abbaan warraa Haadha Bariisoo immoo daldala isheen daldaltu kanatti hedduu hingammadu. Raafuu daldaltee eessa ga’uuf kana dhamaata? Hojii ati hojjettu kana irra callisaniituma taa’uu wayya ittiin jedha. Haati Bariisoo immoo callisanii hojii malee taa’uun deega harkisuudha.

Anaafi siiniyyuu kan deega keessatti anbise ilaalcha badaa ati hojiif qabdu kanadha jette. Itti fufuunis yeroodhaaf jedheen raafuu daldala malee gaafan maallaqa ga’aa ta’e walitti qabadhe hojii daldalaa gurguddaa ta’e daldaluun danda’a jette. Abbaan warraa ishees yaada Haadha Bariisoo kanatti waan amaneef jecha badaa dubbateef dhiifama ishee gaafatee daldala kee jabaadhuu itti fufi jedhe.



## Boqonnaa 2: Mudannoo Haadha Bariisoo

Gaaf tokko Haati Bariisoo gabaa naannawa isaanii irraa baayyee fagoo ta’e irraa raafuu bittee deemti turte. Yeroo kanas tibbi isaa Ganna waan tureef bokkaan baayyee roobee  lagni guute. Yeroo bokkaan kun roobus Haati Bariisoo manni namootaa naannawa isheetti dhiyoo waan hinturreef  bokkicha muka jala dhaabbattee dheessite. Yeroo bokkaan caamus deemsa ishee itti fuftee laga guutee jiru  bira geesse.

Laga guute  kanas akka itti ceetu waan dhabdeef hanga inni hir'atutti lagichuma qarqara teesse.

Bokkaa guddaa roobeen lagni guute sun hir'achuu dinnaan Haadha Bariisootti aduun dhiite. Yeroo kanas mana namaa deemtee keessummummaa gaafattee akka hinbulle manni namootaa naannawa ishee hinjiru. Boodatti deebitee bakka raafuu ittii bitte akka hinbulle immoo ammas ishee irraa hedduu fagaata. Galaana kana qarqara immoo akka hinbulle bineensatuu na nyaata jettee sodaatte. Haati Bariisoo waan malattu dhabdee osoo yaadaan oliifi gadi deemtuu itti dukkanaa'e.

Yeroo kanas bineensonni naannawa laga sanaatii sagalee dhageessisuu eegalan. Waraabessi gaara gamaa gamasiititii yuusee wal jalaa qaba. Waangoon immoo cuucota ishee of jala buuftee gamtaan socho'uun akka saree bineensa argitee dutti.
Haati Bariisoo sagalee bineensota kanaa yeroo dhageessutti abdiin jireenyaa ishee keessaa badee jira.

Waan malattu yoo dhabdus holqa naannawa ishee jiru tokkotti seente. Akkuma holqicha seenteenis sokoksaa wayii dhageessee kaatee dhaabatte.

Holqi Haati Bariisoo keessa seente hedduu waan dukkanaa'uuf waan tokko ilaaltee adda baafachuu hindandeessu. Maalinni holqa kana keessaa sokoksu jettee utuma isheen yaadduus holqicha keessaa waangoon itti dutte. Haati Bariisoos yeroo kana dhageessu raafuu ishee holqicha keessatti gattee fiigde. Sanaan booda, muka koruudhaaf jettee naannawa ishee barbaaddachuu eegalte. Utuma isheen muka barbaadduus waraabessi sila gaara irraa yuusu bakkuma isheen deemaa jirtuu sagalee isaa yeroo inni ol fuudhee yuusu waan lafti socho'e itti fakkaate.

Haati Bariisoos har'a naaf dhumatee jira jechuun abdii kutatte. Boodatti akka hindeebine waangootuu ishee ariinaan baqattee dhufte. Wan fedhes ta'u waraabessi kun na nyaachuu irra waangoon na nyaachuu wayya jettee boodatti deebite.

Utuma isheen fiigaa jirtuus daldaltoonni tokko kan akkuma ishee gabaa deemanii galaa jiran alaalaa baatirii ibsaaa dhufan. Haati Bariisoo yeroo alaalatti isaan argitu gammachuu guddaatu itti dhaga'ame. Gara daldaltoota sanaattis fiiguudhaan dafaa na qaqqabaa jettee iyya keessaa fuute.

Daldaltoonni sunis iyyi sun sagalee Haadha Bariisoo ta'uu beekanii itti fiigan. Sanaan booda, daldaltoonni suniifi Haati Bariisoo wal argatan. Waraabessa yuusaa jiruufi waangoo dutaa jirtu yeroo sagalee namoota baay'ee dhagan isa sila sagalee dhageessisuun Haadha Bariisootti lafa dhiphisanis lafa isaan bu'an dhaban. Haati Bariisoos raafuu ishee holqa keessatti gattee baqatte sana fudhachuuf namoota waliin deemte. Raafuu ishees erga fudhattee booda, namoota sana waliin deemsa eegalte.

Mudannoo kana mara keessa dabartees yeroo mana geessu waan ishee qunname kana mara abbaa warraa isheetti himte. Innis bineensi si nyaannaan durin maqaa ta'e jechuun mataa isaa qabatee iyye. Itti fufuun kana booda akka haati Bariisoo gabaa kamiyyuu deemtee hindaldalle akeekkachiise.

Isheen garuu, hojii daldalaa keessaa gonkumaan ba'uu akka hindandeenye abbaa warraa isheetti himte. Erga gaafa daldala raafuu eegalteetiis hanga har'aatti bu'aa guddaa akka argatte itti himte. Haata'u malee, kanaan booda daldala raafuu dhiistee xaafii bittee daldaluuf murteessite.



# Boqonnaa 3: Daldala Xaafii

Haati Bariisoo jalqaba irratti kan raafuu daldaluuf murteessite sababa maallaqa dhabdeef ture. Amma immoo maallaqa ga'aa argachuun  daldala xaafii keessa osoo hingalin akkaataa itti xaafii daldaluu dandeessu karoora baafatte. Karoora isheen baafatte keessatti inni jalqabaa harree xaafii itti feetee daldaltu bitachuu ture. Itti fufuudhaan immoo mucaa ishees haata'u abbaa warraa ishee hojii daldalaa kana keessa galchuun akka ishee gargaaran taasisuu ture. Akkuuma karoora isheettis harree xaafii itti feetee

daldaltu erga bitattee booda, mucaa ishee kan ta'e Badhaasaan akka hojii daldalaa kana ishee gargaaru taasiste.

Haati Bariisoo  osoo wal irraa hinkutiin yeroo dheeraaf xaafii daldalaa turte. Mucaan ishee immoo xaafii isheen gabaa baadiyyaatii bittee gabaa magaalaatti dhiyeessitee gurgurtu ishee gargaara. Yoo Haati Bariisoo xaafii safartee gurgurtu mucaan ishee maallaqa qaba. Yeroo inni xaafii safaru immoo Haadha Bariisootuu qabduu maallaqaa ta'a. Daldala xaafii kanas waggoota hedduudhaaf erga hojjettee booda, namoota akka naannawa isaaniitti  qabeenya qabu jedhaman keessaa isa tokko taate.

Haati Bariisoo maallaqa qabdu kana mara mana keessa iddoo namni argee duraa fudhachuu hindandeenye kaawwatti. Mana baankii akka hinkaawwanneef immoo  baankiituu naannawa isaanii hinjiru. Gaaf tokko garuu maallaqa  kaawwatte kana irratti waan isheen yaaddee hinbeeknetuu ishee quunname.

Guyyaan isaa guyyaa Dilbataa yoo ta'u Haati Bariisoo abbaa warraafi ilmashee fudhattee mana cidhaa tokko deemaa turte. Yeroo kana immoo namtichi akka haati Bariisoo maallaqa qabdu beeku tokko ishee hordofaa ture. Haati Bariisoo mana ishee cufattee akkuma abbaa warraa ishee waliin xiqqoo deemanii booda, namtichi ishee hordofu sun gara mana isaaniitti deeme.

Sanaan booda, namtichi mana Haadha Bariisoo cabsee seenuudhaan maallaqa isheen kaawwatte barbaaduu eegale. Akkuma xiqqoo barbaadeenis maallaqa haati Bariisoo kaawwawwatte mara arge. Isa maallaqa kana mara argates hedduu gammaduudhaan ol utaalee ragade. Maallaqichas boorsaa guddaatti naqachuudhaan  fudhatee manaa ba'e. Haati Bariisoo immoo saroota ciccimoo mana isheef eegan sadii qabdi ture. Haata'u malee yeroo namichi kun mana haadha Bariisoo cabsee seenu saroonni sun naannawa manaa hinturre.

Yeroo namtichi maallaqa hatee manaa ba'u immoo saroonni kun fageenya irratti isa arganii fiigaa dhufan. Namtichis maallaqicha fudhatee saroota sana jalaa baqatee ba'uuf fiige. Saroonnis saffisa guddaadhaan namticha sana fiiganii qaqqabatan. Innis maallaqa hate sana lafa buusuudhaan fiigee muka yaabbate. Saroonni Haadha Bariisoos mukicha jala taa'uudhaan namtichatti dutaa turan. Namtichis yoo saroonni deeman maallaqa lafa buusee muka yaabbate sana fudhatee deemuuf mukicharra yeroo dheeraaf ture.

Haata'u malee, saroonni haadha Bariisoo deemuu dhiisuudhaan mukichuma jala taayanii dutu. Utuma saroonni kun mukicha jala taa'anii dutanii haati Bariisoo bakka deemte sanaa galte. Yeroo kanas dunna saroota ishee dhaga'uudhaan saroonni kun maalitti dutu jettee gara isaaniitti deemte. Yeroo kanas boorsaa muka jala taa'uufi namicha muka yaabbatee jiru sana argitee ilaalte. Namicha muka yaabbate taa'u sana dhibee isaa haasofsiisuuf yoo yaaltu ishee jalaa qabuu dide.

Sanaan booda, haati Bariisoo boorsaa muka jala taa'u sana argitee bantee ilaalte. Yeroo kanas maallaqa heddduu boorsicha keessatti arguun namtichi kun maallaqa ani kaawwadhe na jalaa hatee laata? jettee shakkite. Itti fufuunis maallaqicha boorsaa keessa jiru achumatti dhiistee mana isheetti galuun maallaqa ishee yoo ilaaltu hatamee jira. Battalumas fiigdee  maallaqa namtichi ishee jalaa hate muka jalaa fudhatte.

Namicha maallaqa ishee jalaaa hate sanas seeratti dhiyeessuuf poolisii itti waamte. Poolisiinis  hattuu maallaqa haadha Bariisoo  hatuun saree baqatee muka yaabbate sana mukarraa buuse. Sanaan booda, hattichi badii raawwate mara erga amanee booda, haadha Bariisoofi poolisii sana dhiifama gaafate. Haata'u malee, namni badii tokko raawwate dhiifama gaafatus seerri waan isa adabuuf  hattichatti hidhaan itti murtoofnaan mana adabaa seene. Haati Bariisoos erga gaafa sanaatii kaastee qarshii ittiin daldaltu mara mana baankii kaawwatti malee mana ishee kaawwattee hinbeektu.



## Boqonnaa 4: Suuqii Haadha Bariisoo

Haati Bariisoo daldala raafuu irraa kaatee daldala xaafii eegaluun maallaqa hedduu horattee turte. Amma immoo maallaqa hedduu walitti qabattee baankii galfatteen daldala biroo maallaqa guddaa isheef argamsiisu daldaluu barbaadde. Isa kanas daldaltoota adda addaa mariisisuun waan bu'aa guddaa argamsiisu adda baafatte. Suuqii guddaa mi'aafi dhangaan adda addaa keessatti argamu dhaabbatte. Daldala kanaanis maamiltoota hedduu waan horatteef daldala kaan caalaa bu'aa guddaa isa kana irraa argatti.


Haati Bariisoo suuqii ishee keessatti waaggoota hedduudhaaf daldala daldalaa turte. Booda yeroo maallaqni ishee daraan dabalaa dhufu immoo suuqii biroo banuudhaan mucaa ishee  isa daldala xaafii ishee gargaaraa ture Bariisoo hojjachiisuu eegalte. Bariisoonis akkuma haadha isaa daldalatti qaxalee waan ta'eef  hojii daldalaa kanaan jiijjiirama guddaa fide. Haala kanaan immoo maallaqni haati Bariisoo argattu dureeyyii biyya sana jiru jedhaman keessaa ishee jalqabaa ishee taasise. Namoonni naannawa sanaas haala daldala isheefi jijjiirama isheen argamsiiste kana akka fakkeenyummaa gaariitti fudhachuudhaan namoota biroo ittiin gorsu.


Haati Bariisoo maallaqa daldaltee horatte kanaan namoota adda addaa deeggaruu eegalte. Daa'imman hadhaafi abbaa hinqabne walitti qabdee guddisuun barsiifti. Manguddoota dulloomanii hojii hojjachuu dhabuun kan isaan deeggaran dhabanis nyaataafi uffata adda addaa kennuun deeggarti.


Namoota osoo humna qabanii dhibaa'ummaadhaan hojii adda addaa hin hojjanne immoo maallaqa isaaniif liqeessuun hojii daldalaa keessa seenanii akka of danda'anii jiraatan taasifti. Kanarraan kan ka'e haati Bariisoo hawaasa naannawa ishee biratti kabajaafi jaalala guddaa qabdi.


## Gaaffiwwan dubbisuun boodaa


1. Haati Bariisoo hojiwwan daldalaa akkamiifaa irratti bobbaatee hojjette?
2. Hojii daldalaa keessatti mudannoon Haadha Bariisoo maalfa'i?
3. Haati Bariisoo irra caalaa daldala kanirratti bu'a qabeessa taate?
4. Seeneffama kana irraa maal hubatte?



Torban 2
Kutaa 4
Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 5
Kutaa 4
Akaakuufi Faayidaa Geejjibootaa
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 6
Kutaa 4
Ilmoo Tujaara
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 10
Kutaa 4
Gargaarsa
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 11
Kutaa 4
Hojii Dhiiraafi Dubartii
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 13
Kutaa 4
Daawwannaa
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 15
Kutaa 4
Daawwii Garee
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 16
Kutaa 4
Bishaan Daakuu
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 20
Kutaa 4
Qusannoo Bishaanii
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 24
Kutaa 4
Dhaamsa Haadhaa
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 27
Kutaa 4
Haadha Bariisoo
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 27
Kutaa 4
Gabaa Markaatoo
Leveled
Afaan Oromoo